XIIXALA JAARGOCHA ASOOSAMA DHEERAA HALLUU DU'AA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

MAQAA QORATAA: GAMMACHIIS OLAANAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

XIIXALA JAARGOCHA ASOOSAMA DHEERAA HALLUU DU'AA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

MAQAA QORATAA: GAMMACHIIS OLAANAA

GORSITUUN: Dr. KURII BAAYISAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

GALATA

Hunduma dursuudhaan bu'aa bahii hedduu keessatti na gargaaree waraqaa qorannoo kana akka qopheessuuf obsa guddaa naaf kennee na xumursiise waaqayyoon guddiseen galateeffadhaa. Itti aansuun waraqaa qorannoo kana haala gaariin akka qopheessuuf beekumsa, yaadaafi gorsaan yeroo isaanii aarsaa godhanii nuffii fi dadhabbii tokko malee na cinaa dhaabbachuun na gargaaraa turan, gorsituukoo Dr. Kurii Baayisaaf galanni an qabu guddaadha. Dabalataanis, maatii koo kan sadarkaa kana akka gahu na godhan abbaakoo obbo Olaanaa Disaasaafi haadha koo aadde Warqituu Qajeelaafi obboleeyyan koo Baay'een galateeffadha. Akkasumas yaada garagaraa naa kennuudhaan, qorannoon kun qulqullinaan akka qophaa'uuf, tumsa kan naaf kennaa ture Iyyaasuu Bantii osoo hin galateeffatin bira hindarbu. Akkasumas, gama ogummaa tekenikaatiin kan na deggere, Ermiyaas Waaqjiraa galateeffachuun barbaada.

Baafata

Qabiyyee Fuula

Galata.....i

BOQQONA TOKKO 1

SEENSA..... 1

1.1 Seen-duubee Qorannicha (Ariirrata) 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa 2

1.3 Kaayyoo Qorannicha 2

1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa 2

1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa 3

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa 3

1.5 Daangaa Qorannichaa 3

1.6.Hanqina Qoranno..... 3

1.7 Saxaxaa Qorannichaa 4

1.8 Madda Qorannichaa 4

1.9 Iddattoo fi Mala Qorannichaa 4

1.9.1 Iddattoo Qorannichaa 4

1.9.2 Mala Iddatteessuu Qorannichaa 4

1.10 Mala Funaansa Ragaale Qorannichaa 5

1.11 Mala Qaaccessuu Ragaale Qorannichaa 5

BOQONNAA LAMA..... 6

SAKATTA'A BARRUU 6

2.1 Maalummaa Ogbarruu..... 6

2.2 Faayidaa Ogbarruu..... 6

2.3 Gosoota Ogbarruu 6

2.4 Asoosamaa..... 7

2.4.1 Gosoota Asoosamaa..... 7

2.4.2 Asoosama Dheeraa 7

2.4.3 Asoosama Gabaabaa..... 7

2.5 Caacullee Asoosamaa..... 8

2.5.1 Namfakkii 8

2.5.2 Jaargocha 8
2.5.3 yoomessa 8
2.5.4 waldiddaa 9
2.5.5 Ija 9
2.5.6 Ergaa 9
2.6 Maalummaa Jaargochaa 9
2.7 Gosoota Jaargochaa 10
2.7.1 Jaargocha itt fufaa 10
2.7.2 Jaargocha Boqotaa 10
2.7.3 Jaargocha Waltaree 10
2.7.4 Jaargocha Duub-deebii 10
2.8 Caasaa Jaargochaa 11
2.8.1 Ka'umsa 11
2.8.2 Olka'iinsa 11
2.8.3 Finiina 11
2.8.4 Sigigoo 11
2.8.5 Furmaata 12
2.9 Qindaa'ina Jaargochaa 12
2.9.1 Gidduu,Jaalqabaa fi Xumura 12
2.9.2 Xumura, Gidduu fi Jalqabaa 12
2.9.3 Jalqaba,Gidduu fi Xumura 12
BOQONNAA SADII 13
XIINXAALAFI HIIKAA RAGAAKEE 13
3.1,Jaar gocha Ittii Fuufaa 13
3.1.1,Ta'iinsa Raawwatame 13
3.1.2,Ka'uumsa 14
3.1.3,Olka'iinsa 14
3.1.4,Finiina 15
3.1.5 Sigigoo 15
3.1.6.Furmaata 16
3.1.7 Taa'iinsaa Rawwatamee 17
3.1.7.1. Ka'umsa 15

3.1.7.2. Finiina……15

3.1.7.3. Furmaata……15

3.2 Jaargocha Duubdeebii 19

3.3 Tooftaalee Jaargochi Asoosamni Halluu Du'aa Ittiin Dhiyaate 20

3.3.1 Addeessuu 20

3.3.2 Marii/ Wallin Dubbii 21

3.3.3 Duubdeebii 23

3.3.4 Raaguu /Quba Qabsiisuu 23

3.4 Haala Qindaa'ina Jaargochaa Asoosama Halluu Du'aa 24

3.4.1 Jalqaba, Gidduu fi Xummuraa 24

BOQONNAA AFUR 27

GUDUUNFAA, YAADA FI ARGANNO 27

4.1 Guduunfaa 27

4.2 Arganno 27

4.3 Furmaata 28

Wabiilee……26

BOQONNAA: TOKKO

SEENSA

1.1 Seen-duubee Qorannicha (Ariirrata)

Ogbarruun dabarsaa aadaa uummataatii. Galmee jiruu fi jireenya ilmaa namaa hubbaanoo, beekumsa fi muuxannoo sadarkaa adda addaatti qabaniiti yaada kanaa irratti Asaffan (2009:20) yoo ibsu"ogbarruun ogumma kalaqa kan waa uumuu ta'ee kan muuxannoo jiruu fi jireenya dhala namaa haqa ta'ee bu'uureffachuun gabaabsee, miidhagsee barreeffamaan dhaloota dhalotaatti darbuudha"jedha. Yaada kana irraa kan hubbannuu ogbarruun seenaa jireenyaa dhala namaa keessatti umurii dheeraa kan qabu, waa'ee waan barreffamuu fi hidhaataa hawaasa wajjiin qabaachusaatii.

Waa'ee ogbarruu Tafariin (2013:8) irratti yoo ibsu"ogbarruun gumbii aadaa, eenyummaa, siyaasa fi dinagdee hawaasa tokkotti"jedha. Yaada kanarraa kan hubbannuu ogbarruun dhimmoota hawwaasa kanneen akka aadaa, eenyummaa, siyaasa fi hawaasummaa hawaasa ibsuu akka danda'uudha. Gooroo ogbarruu ilaalchisee Beekaan (2013:8) irratti yoo ibsu"ummanni aadaa barressuu hin qabnee afoola yoo qabatuu, uummannii aadaa barressuu qabu ogbarruu barreeffama qaba"jedha. Yaada kana irraa kan hubbannuu gooroon ogbarruu afoola fi ogbarruu barrefama jedhamuun bakka lamatti qooddamuu isaati.

Gosoota ogbarruu barrefamaa keessa immoo asoosamni isa tokkodha. Asoosamnis asoosamaa dheeraa fi gabaaba jedhamuun bakkaa lamatti qoodamuu isaati asoosamaa dheeraa Beekaan (2013:17) yoo ibsu"asoosamni dheeraan seenaa namaa tokko dhaloota kaasee hanga du'aattii kan argarsiisuudha"jedha. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu, asoosamni dheeraa yaada bal'aa kan ofkeessatti qabatu ta'uu isaati. Akkasumas jireenya ummaata addunyaa irra jiraatani ibsu fi fakkeessee mulisuuf ga'ee guddaa kan qabu ta'uudha.

Caacculee asoosamaa keessaa jaargochii isaa tokkodha. Jaargochii akkataa ta'iinsonni seenaa tokkoo keessatti argamaan wal duraa duuban itti qindaa'aniidha. Feedhaasaan(2013:69) yoo

ibsu"jaargochii ulaa dubbiisaan addunyaa barreessatii seenuu fi dandii waldidda namfakkilee irraa hiriiruun galmaa ga'uudha"jedha.

Yaada kanarraa kan hubbannuu jaargochii tartiibba ta'iinsoota ta'ee sababa qubsaa fayyadamuun namfakkilee gidduutti waldidda uumuun gochi maaliif akka raawwatame gaaffii jedhuuf debbii kennuu isaati. Kana bu'uura taasifachuun qorataan qorannoo kanaas asoosamoota dhedheera jiran keessaa asoosamaa dheeraa mata dureen isaa Halluu du'aa jedhu kan Eebbisaa Baayisaa Abeetuutiin barrefame jaargochaa isaa xiinxaluu irratti kan hundaa'e dha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Yeroo addaa addaa asoosamaa irratti qorannoon gargaara adeemsifameera. Miseensota yookaan caacculee asoosamaa tokko tokkoon addaan baasanii qaaccessuunis darbe darbee darbee hin mul'ata. Fakkeenyaaf ergaa fi waldhabbii asoosamaa dheeraa arraa gurbaa qaaccessuu irratti qorannoo bara (2011) qorattuu Aannaneen adeemsifameera. Dabalataanis ergaa fi waldhabbii asoosamaa dheeraa Faayaa Mormaa qaaccessuu irratti qorannoo bara (2005) qorattuu Caaltuun adeemsifameera. Kanaafuu, hanga qorataan sakatta'etti xiinxalaa asoosamaa dheeraa halluu du'aa irratti qorannon adeemsifame qorataa hin quunnamne kun ammoo akka qorataan asoosamaa dheeraa halluu du'aa irratti qorannoo akka geggeessuuf kakaasera.

Qorannoo kunis gaaffilee bu'uuraa armaan gadiif debbii kenna

- Jaargochaa asoosamaa halluu du'aa keessatti argamanii kami fa'ii?
- Haalli qindaa'ina jaargochaa asoosamaa dheeraa halluu du'aa kan akkamitti?
- Tooftaalee jaargochii asoosamaa halluu du'aa ittiin dhiyaate kan akkamitti?

1.3 Kaayyoo Qorannicha

1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa jaargochaa asoosamaa halluu du'aa keessatti argamuu xiinxaluudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoon gooree qorannoo kanaas:-

- Gosoota jaargochaa asoosamaa dheeraa halluu du'aa tarreessuu.
- Haala qindaa'inaa jaargochaa asoosamaa dheeraa halluu du'aa ibsuu.
- Tooftaalee jaargochaa asoosamaa halluu du'aa ittiin dhiyaate addaan baasuu.

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan adeemsifamuuf rakko furuuf yookiin beekumsa haaraa argamsiisuuf kan adeemsiifamuudha. Haaluma kanaan qorannoon kunis qaamoolee armaan gadii kana gargarru danda'a.

- Qorattoota mataa duree kana fakkatu irratti qorannoo hojjetaniif akka madda odeeffannofi madda ragaatii tajaajiluu danda'a.
- Namoota waraqaa qorannoo kana dubbisaniif caacculee asoosamaa jiran keessaa jaargochaa irratti hubbaanoo isaan gonfachiisa.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun daangaa mataa isaa kan qabuudha. Daangaan kunis qabiyyee isaa irratti hundaa'eeti. Innis asoosamaa dheeraa jiran keessaa asoosamaa dheeraa halluu du'aa kan Eebbisaa Baayisaa (2018) maxxanfame maxxansaa 1ffaa irratti kan daanga'e yoo ta'u, caacculee asoosamaa keessa ammoo jaargochaa asoosamicha irratti kan daangeffameedha. Sababni qorataan caacculee jiran keessaa jaargochaa qofaa filateefis caacculee biroo waliin walfaan qoratee xumuruuf mijataa waan hin taaneefiidha.

1.6.Hanqina Qoranno

Qorataan qorannoo kana geggeessuu keessatti rakkoowwan akka hanqinaatti is a mudatan inni jalqabaa kitaaba qorannoo kanaaf barbaachisan gahaatti argachuu dhabuu dha.hanqinni lammaffaan immoo yeroo gahaa argachuu dhabuu dha.Haata'u males yeroo kenname keessatti qorannoo geggeessee xumuruu danda'eera.

1.7 Saxaxaa Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf gosti qorannoo dhimmi itti bahamee gosa qorannoo akkamtaa fi sababiinsaas gosti qorannoo kanaa odeeffannoo xiinxaluun jeechootan ibsa. Qorannoo kana galmaan ga'uuf mala balballoomsaatti dhimmaa baheera. Dhimmaa kana Addunyaan (2011:10) irratti yommuu ibsu"qorannoon akkamtaa jiruufi jireenyaa hawaasa kan ibsuufi haala ilaalchaafi fedhii hawwaasa gadifageenyaan ibsuu irratti humna guddaa kan qabudha"jedha.

Yaada kanaarra kan hubbannuu qorannoo akkamtaa gaaffii maaliif, akkamitti, jedhaniif deebii kan keennuu ta'uusaatii. Walumaa galatti, halli fayyadama saxaxa kanaas bu'aa qorannichaaf barbaachisuu too'achuu dandeessiseera.

1.8 Madda Qorannichaa

Qorannoo hojjeechuuf maddii ragaa barbaachisaa fi murteessaadha. Qorannoo kana hojjechuufis maddii ragaa qoratoon dhimma itti bahee madda ragaa tokkoofadha. Kunis kan ta'uu danda'eef asoosamni jaargochi isaa xiinxalame bifa barreeffamaan kan argamuudha. Walumaa galatti maddii ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoofaa ta'uu qorannichi xumurameera.

1.9 Iddattoo fi Mala Qorannichaa

1.9.1 Iddattoo Qorannichaa

Qorannoon tokkoofaa Iddattoon murteessadha. Iddattoon qorannoo kanaa asoosamaa dheera halluu du'aafi. Asoosamaa dheeraa halluu du'aa gadii fageenyaan irra deddeebi'ee dubbisuun odeeffannoon irraa waan sassabamuufidha.

1.9.2 Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuu keessatti malli Iddatteessuu qorataan itti gargaarame mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala akkayyootti dhimma ba'e. Sababni isaas asoosamaa dheeraa hedduu jiran keessaa asoosamaa dheeraa halluu du'aa kaayyeffachuun osoo carraa hin buusin waan filateefidha.

1.10 Mala Funaansa Ragaale Qorannichaa

Qorannoo kanaa geggeessu keessatti malli funaansa ragaa dhimmaa itti bahamee sakatta'aa dokumentiiti. Sakatta'aa dokumentii kanas gabatee yaaddannoo qopheeffachuun kitaaba asoosamaa dheeraa halluu du'aa gadii fageenyaan dubbisuun jaargochii asoosamichaa sakatta'amee xinxalameera.

1.11 Mala Qaaccessuu Ragaale Qorannichaa

Malli kun mala odeeffannoon sassabamee ittiin hiikamuudha. Qorannoo kana geggeessuu keessatti odeeffannoo sakatta'aa dokumentiitiin argamu xiinxaluun balballoomsameera. Balballomsi taateewwan asoosamicha keessatti raawwataman sababaafi bu'aan walqabsiisee kan ibsu wanta ta'eefidha.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'A BARRUU

2.1 Maalummaa Ogbarruu

Ogbarruun oguma waakalaquu ta'ee,muuxannoo jiruu fi jireenya keenyaa haqa irratti hundaa'ee akka hubatamuu danda'utti miidheksee kaa'a.Wasanee(2008:78)irratti hiika ogbarruu yoo ibsu"ogbarruun hiika tokko kan namootni hundi irratti walii galan hin qabu"jechuun ibsa.

Yaada kana irraa kan hubatamu,hiika ogbarruu ilaalchisee kan waliigalaa akka hin jirreedha.Kunis yaada bal'aa waan qabuuf hiikn I addaaddaa itti kennamu danda'a.Hiikni kennamuuf karaa dirree qorannoo illee garaagarummaa akka qabaatu taasiseera.Yaada kana ilaalchisee Asaffaan (2009:17)irratti yoo ibsu"namootni dirreewwan qorannoo garaagaraa keessatti argaman ogbarruu gama addaaddaan ilaaluudha" jedha.Yaada kana irraa kan hubannu hayyootni addaaddaa akkaataa dirree hojii isaaniin akka ogbarruu hiikaniidha.

2.2 Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun jiruufi jireenya keessatti faayidaalee hedduu qabaachuu ni danda'a.Bu'aaba'ii keessa darbame kaasee mul'isa.Faayidaa ogbarruun qabu Asaffaan (2009:36)irratti yoo ibsu"ogbarruun bu'aaba'ii hawaasni tokko keessa darbee fi keessa darbaa jiru galmeessee dhalootaaf akka darbu tasisa"jedha.Yaada kanairraa kan hubannu ogbarruun bu'aaba'ii jiruu fi jireenyaa,gadda,gammachuu,haaia hawaasni tokko keessa darbe fi keessa darbaa jiru galmeessee dhalootaaf akka darbuu taasisuu isaa ireaa hubanna.ogbarruun bu'aaba'ii jiruu fi jireenyaa gadda,gammachuu,bali'Inaa fi dhiphina hawaasni tokko keessa darbe kuusee olkaa'uun dhalootatti kan dabarsuudha.

2.3 Gosoota Ogbarruu

Gosoota ogbarruu ilaalchisee Beekan (2013:8)irratti yoo ibsu"ummatni aadaa barreessuu hin qabne ogbarruu afoolaa qabaatu,ummanni aadaa barreessuu qabu ammoo ogbarruu barreeffamaa qaba"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu gosootni ykn gooroon ogbarruu bakka lamatti qoodamuu isaati. Isaanis ogbarruu barreeffamaa fi ogbarruu afoolaati.Gosoota

ogbarruu kanneen keessaa qorannoon kun ogbarruu barreeffamaa irrati kan xiyyeeffateedha.Gosootni ogbarruu barreeffamaa bakkasadiittiqoodamu. Isaanis asoosama, diraamaa fi walaloodha. Qorannoon kunis gosoota ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosama irratti kan xiyyeeffateedha.

2.4 Asoosamaa

Asoosamni damee ogbarruu barreeffamaa ta'ee, bifa hololoon kan barreeffamuudha .Yaada kana ilaalchisee Geetsschoo(2013:133)irratti"asoosamni hojii kalaqaa ilmoo namaa kan uumama isaa bu'uureffachuun haala bareedaa,nama amansiisuu fi baashannansiisuun kan barreessaan barreessee dhiyeessuudha"jedha.Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amu asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'uu fi bashannansiisaa ergaa kan dabarsu ta'uu isaati.

2.4.1 Gosoota Asoosamaa

Qooddiin asoosamaa haala bal'iinsa isaa irratti hundaa'a.Fedhesaa(2013:68)irratti yoo ibsu "haala bal'iinsa irratti bu'uureffamuun asoosama bakka lamatti qooduu nidandeenya.Isaanis asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa jedhama"jechuun bakka lamatti qoodeera.

2.4.2 Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan jaarraa18ffaa keessa erga eegalee kaasee hanga ammaatti hiikni karaa addaadda itti kennamaa jira garuu, hiika hayyoonni marti irratti waliif galan lafa kaa'uun hin danda'amne.Wasanee(2008:84) yoo ibsu"asoosamni dheeraan seeneffama kalaqaa ta'ee kan bifa hololootin dhiyaatu seenaa tokko jalqabaa kaasee hanga dhumaatti kan seenessuudha"jedha.Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni dheeraan seenaa bal'aa kan seenessu ta'uu isaati.

2.4.3 Asoosama Gabaabaa

Akkaataa hiika jiruutti asoosamni gabaabaan yeroo dubbisuuf fudhatu giddugaleessa taasifata. Wasanee(2000:86) yoo ibsu"asoosamni gabaabaan hojii ogbarruu kalaqaa ta'uunsaa al tokkoottii dubbisamuuf kan xumuramuudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni gabaabaan seenaa qeenxee kan seenessuu fi yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee kan xumuramu ta'uu isaati.

2.5 Caacullee Asoosamaa

Caaculleen asoosamaa bu'uura asoosamaati.Caaculeen asoosamaa guutummaa asoosamichaatti human kennuun kan miidhaksuudha. Kanas Fedhesaan (2013:68)irratti yoo ibsu"miseensota asoosamaa xiinxaluun yaada asoosama sanaa qalbeeffachuuf nugargaara" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu caaculeen asoosamaa asoosama tokko xiinxalanii hubachuuf, qeequu fi madaaluuf kan gargaaru ta'uu isaati. Caaculeen kunneenis namfakkii, jaargocha, yoomessa, waldiddaa, ija, ergaa, afaanii fi haaala dhiyeenyaati.

2.5.1 Namfakkii

Namfakkiin namoota barreessaa asoosamaan uumamanii seenaa asoosama tokkoo raawwatan yookiin seenaan irratti raawwatuudha. Misgaanuu(2012:21)irratti yoo ibsu "namfakkin namoota seenaa asoosamaa keessaatti hirmaachuun amala dhala namaa hunda calaqqisiisaniidha. Kanaaf abbaa seenaa yookiin abbaa oduu jedha"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu namoota asoosama keessatti gocha raawwatan namfakkii akka ta'aniidha.

2.5.2 Jaargocha

Jaargochi haala seenaa asoosama tokkoo sababaa fi bu'aan walqabatee tooraan ijaaramuudha. Gochoonni kunis walqabatanii walirratti ijaaramuun gochi tokko isa biraa uumuuf sababa yoo ta'u,bu'aan gocha sanarraa argamu gocha biraa isa boodaa dhufuuf sababa ta'uun seenaa asoosamichaa bal'isa.Fedhesaan (2013:68)irratti yoo ibsu "jaargochi haala seenaan asoosamaa sababaa fi bu'aan walqabatee tooraan ijaaramee ijaarsa gochootaati" jedha.

2.5.3 yoomessa

Taateen tokko yerooo fi bakka itti raawwatamu qaba.Yaada kana Misgaanuun (2013:19)irratti yoo ibsu"yoomessi yeroo fi bakka seenaan asoosamichaa keessatti seeneffamee fi ta;iinsi tokko keessatti raawwatame kan ibsuudha"jedha.Yaada kana irraa kan hubannu yoomessi bakka qooddattoonni itti argamanii fi gocha raawwatan ta'uudha.

2.5.4 waldiddaa

Waldiddaan asoosama keessatti qaamota waliin mormaniidha.Yaada kana ilaalchisee Fedhesaa (2013:17)irratti yoo ibsu “waldiddaan walfalmii yookiin mormii alaa fi keessa namfakki guddaa fi human birootin uumamuudha”jedha.Yaadni armaan olii kan ibsu waldiddaan namfakki gidduutti uumamuu a kka danda’uudha.

2.5.5 Ija

Iji haala seenaan asoosama tokkoo ittiin seeneffamuudha. Yaada kana Fedhesaan (2013:82)irratti yoo ibsu “iji kalattii seenessaan asoosama ittiin himuudha” Barreessan seenaa tokko yeroo qindeessu nama dubbistootatti seenicha himu waliin kalaqa. Innis seenessa jedhama jedha.

2.5.6 Ergaa

Ergaan seenaa caacullee asoosamaa keessaa isa tokkoodha. Innis haala asoosamni tokko ittiin xumurame kan agarsiisuudha. Ergaan asoosama tokkoos gammachiisa, gaddisiisaaa yookiin wal makaa ta’uu nidanda’a.

2.6 Maalummaa Jaargochaa

Jaargochi caaculee asoosamaa keessa isa tokkoodha.Jaargochi asoosama dheeraa adeemsa walduraa duubaa dhuufaatii gochaa fi yaadotni seenaa tokkoo ittiin dhiyaatuudha.Akkasumas akkaataa ta’insotni seenaa tokko keessatti argaman walduraa duubaan itti qindaa’aniidha. Fedhesaa (2013:69)irratti yoo ibsu“jaargochi ulaa dubbisaan addunyaa barreessaatti ittiin seenuudha.dabalataanis haala gochoonnii fi taatewwan seenaa keessatti raawwataman jalqabaa hanga dhumaatti walitti hirkatanii fulla’anii fi daandii waldiddaan nam fakkiilee irra hiriiruun galma ga’uudha”jedha. Yaada kanarraa kan hubannu jaargochi tartiiba ta’iinsotaa ta’ee, sababa quubsaa fayyadamuun qaamota faallaa gidduutti wadiddaa uumuun gochi maalif akkka raawwatame gaaffii jedhuuf deebii kan kennu ta’uusaadha

2.7 Gosoota Jaargochaa

2.7.1 Jaargocha itt fufaa

Jaargochi itti fufaan gosoota jaargochaa keessaa isa tokko ta'ee, taatewwan duraaduuba isaannii eeggatanii dhufan kan ofkeessatti haammatuudha. Kana jechuun taateewwa ka'umsa argatee waldiddaan jalqabuun dubbiin ho'ee hanga bantii miiraa bira ga'utti olka'uun gadideebi'ee furmaata argata.

2.7.2 Jaargocha Boqotaa

Jaargochi kun taatewwan duraaduuba caasaa isaanii eeggatanii dhufan kan ofkeessatti haammatu ta'ee,seenaa qeenxee caalaa seenaa hedduun dame dame qabu kan ittiin dhiyatuudha. Garuu dameewwan seenaa kanaa walitti dhufeenya isaaniirra gargarba'iinsa isaaniitu caalaa mul'ata.

2.7.3 Jaargocha Waltaree

Jaargochi waltarreen jaargocha qooddataa olaanaa lama of keessaa qabu ta'ee, si'a tokko jalqaba qooddataan olaanaan ni beeksifama.Itti aanee immoo inni olaanaan ni beeksifama.Sana booda barreessaan gara qooddataa olaanaa isa jalqabaatti deebi'uun seenicha muraasa kanaan xumura. Qooddattoonni yeroo jalqaban addaan ba'anii kara mataa isaanii hordofuun xumura irratti walitti dhufu. Yaada kana toorrii interneetii akka ibsutti "paths orthey may not connect un filthe end"jedha.Yaadni kun jaargocha waltaree keessatti qooddattoonni olaanoon daandii mata mataa isaanii hordofuun dhuma irratti kan walitti dhufan ta'uu saanii agarsiisa. Yeroo qooddattoonni kun walitti dhufanis seenichi bantii miiraa irra ga'ee jira.

2.7.4 Jaargocha Duub-deebii

Jaargochi duub-deebiin kan taateen duraa yookiin jalqaba raawwatame tokkoo fi yaada haaraa gochootaa sanaan walqabatanii raawwatan duuba deebi'ee kan seenessuudha. Yaada kana toorri interneetii yoo ibsu"Flash back plot structure converts information about events that

occurred earlier”jedha. Yaada kanarraa kan hubannu jaargochi duub-deebii ta’ee dabe duubatti deebi’uun kan seenessu ta’uu isaati.

2.8 Caasaa Jaargochaa

Jaargochi caasaa garaagaraa ofkeessaa qaba. Caasaan kunneen kan armaan gadiiti.

2.8.1 Ka’umsa

Ka’umsi seenaa asoosamaa keessatti bakka itti namfakkiiwwan beeksifamuu eegalanii fi waldiddaan itti eegaluudha. Aakkasumas bakka yoomessi ta’insotaa itti bu’uureffamuudha. Aakka Fedhesaan (2013:69)irratti ibsutti”ka’umsi bakka namfakkiileen gochootaa asoosamaa raawwachuuf itti saaxilamaniidha” yaadni kun ka’umsi seenaa asoosama ta’usaadha.

2.8.2 Olka’iinsa

Bakka kanatti waldiddaan tuqata argatee bakka itti walxaxaa adeemuudha.Sammuun dubbistootaas waan qabee waan gadhiisu wallaala.Akka fedhesaan (2013:70)irratti ibsutti “olka’iinsi bakka itti waldiddaan itti hundee jabeeffachuun walfalmanii atattamaan adeemsifamuudha”jedha. Yaadni kun olka’iisi bakka itti waldiddaan baay’achuun dubbiin ho’u ta’uusaa agarsiisa.

2.8.3 Finiina

Finiinni bakka itti gochi walxaxaa dhufee sadarkaa dhumaa yookiin fiixeerra ga’uudha.Akkasumas bkka itti humnoota walfalmaa turan keessaa inni tokko isa tokko irratti olaantummaa fudhatuudha. Yaada kana Rabbirraan (2009:179)irratti yoo ibsu”finiinni bakka itti waldiddaan olaanaa ta’e namfakkileen lamaan keessaa tokko isa biroo irratti olaantummaa gonfatuudha”jedha.

2.8.4 Sigigoo

Sigigoon bakka itti gochi fiixeerraa ga’e gadideebi’uun gara furmaataatti deemuudha.Kunis gochi tokko fiixeerraa gara furmaataatti sigigaachuu kan agarsiisuudha. Akka Fedhesaan (2013:71)irratti ibsutti”Xiyyeeffannoon sigigoo yaada gara furmaataatti luuccessuuf saffisiisuudha” jedha. Yaadni kun gadi bu’aa adeemuu gochaa agarsiisa.

2.8.5 Furmaata

Furmaani gochi waxaxaa dhufe bakka itti furamuudha.Seenaan raawwatamus bifa gaddisiisaa yookiin gammachiisaadhaan raawwachuu danda'a. Akka Rabbirraan (2009:76)irratti ibsutti" gulantaan dhumaa furmaataadha"jedha. Yaadni kun furmaatni bakka itti rakkoon walxaxaa dhufee furmaata argatuu bakka itti dubbisaan uffee yookiin wayyoo jedhee keessaa ba'u ta'uusaa agarsiisudha.

2.9 Qindaa'ina Jaargochaa

Akkaataa qindaa'ina jaargochaa Fedhesaan (2013:72)irratti yoo ibsu"asoosamni tokko yeroo barreeffamuu tuqataa dubbiirraa ka'uu dhiisuu mala. Kunis akkaataa barreessaan ittin seenaa himuu jalqabeen daanga'a"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu yeroo baay'ee tartiibni gochootaa walfaana hiriiruu waan hin danda'amneef walkeessa fuudhanii ijaaramuu akka danda'anii fi akkaataa barreessaan sammuu dubbistootaa hawwachuuf akka mijatutti barreessuu isaati.Dubbisaan ammo wantoota raawwataman toora galchee hiikkachuu danda'uu qaba. Walumaagalatti barreessaan asoosama tokkoo karaa sadiin jaargochaeegaluu danda'a Isaanis:

2.9.1 Gidduu, Jaalqabaafi Xumura

Barreessaan asoosama yammuu barreessu kan sadarkaa xuqataarraa ka'uun gara ka'umsaatti deebi'ee furmaataan kan xumuramuudha

2.9.2 Xumura, Gidduu fi Jalqabaa

Barreessaan asoosama yeroo barreessu gulantaa furmaataarraa ka'uun xuqataatti deebi'ee ka'umsaan kan xumueamuudha. Barreessaan seenaa asoosamichaa keessaa furmaata himuu eegalee gara xuqataatti ce'uun gulantaa ka'umsaatiin kan xumuramuudha.

2.9.3 Jalqaba, Gidduufi Xumura

Barreessaan asoosama yeroo barreessu gulantaa ka'umsaarraa eegalee gara gulantaa tuqataatti ce'uun gulantaa furmaataan kan xumuruudha.

BOQONNAA SADII

XIINXAALAFI HIIKAA RAGAAKEE

Gosoota Jaargocha Asoosama Halluu Du'aa:

Asoosamni Halluu du'aa gosoota jaargocha kanneen armaan gadii of keessa qaba. Jaargocha ittii fufaa fi duub deebiidha.kanneen tokkoon armaan gadiitti haa ilaalluu

3.1, Jaar gocha Ittii Fuufaa

Jaargochi ittii fuufaan gosoota jaargocha keessaa isaa tokko ta'e taateewwaan duraa dubaa isaa eeganii dhufan kan ofkeessattii hammatuudha.Kana jechuun taateen ka'umsaa argatee waldiddaan jalqabuun dubbiin ho'e hangs fininaa bira ga'uutti olka'uun gadi bu'ee furmaata argata jechuudha.Gosti jaargocha kana Asoosama Halluu du'aa keessaa ta'iinsoota garaagaraa lama keessatti mul'ateera.Isaannis

3.1.1,Ta'iinsa Raawwatame

A, Bakka Bu'oo Dursaa1ffaa

Asoosama Halluu du'aa keesdatti ta'iinsi jalqaba Caaltuu irratti raawwatame. Gochi raawwatamees sabaabafi bu'aan Waal qabate kan raawwatameedha.Fakkeenyaaf :

> ...Mormaa ishee keessatti dha'uudhaan qilleensa olfuudhachuufi gad baasuu ishee dadhaabsiisee.yeroo lamaa sadii mana yaala gandaa isaanii keessaa jiru deemtuus jaarri furmaata hin lanneef. Rakkoon ishee humnaa isanii ol yaanni furmaata isaan isheef kennaan gara hosphitaalatti ol ergaa barreessu fi ture. Yetoo gabaabatti utuu yaalameera ta'ee tarii furmaata argaachu kan malee dhi_ ibeen Caaltuu sababa Lookoon dhimma jechu diiddeef ittii hammacha deeme (Halluu Du'aa,2018:66)

Waraabbii armaan olii kanarraa kan hubbannuu,Caaltuun dhibbeen qabamtee yaalaa gaha argaachuu dhabbuu irraan kan ka'e.Ittii cimuun qileensaa ol fudhaachuufi gad baasuu ishee dadhabsiiseerra.Dhibbeen ishee kunis sababa adaadaan ishee lookoon dhimma jechuu diddeef hedduu hedduu itti hammachuu isaatti.Jaargochii kunis caaculee hunda keessaa darbuun gulantaa furmaatarra kan ga'eedha.caacculeen isaas:

3.1.2,Ka'uumsa

Ka'umsi adeemsa gochaa jalqabbii seenichaarratti bakka ittii qooddattoonni yookaa namfakkiiwwaan beeksifamuu eegalan,waldhabbiiwwaan jalqabuun yoomeessi ta'iinsotaa bu'uurr

...Lookoo.nyaata fi dhugaatti harkatti qabatte jirti.Akkumaa ol seenteen Caaltuun

Siree irraatti heleniin immoo ishee bukkeetti cinaan ilaaltee"maaltu ta'e?"akkamitti

utuu natti him himiin sadarkaa kana irraa geessaan?...Ani harmeen ishee utuu hi

beekin eenyu qaamnii baqaqasu?"yeroo jettuun,(Isuma,2018:68)

Warraabbii kanarraa kan hubbannuu,Caaltuun osoo Lookoon him beekiin mana yaala deemtee mormii baqaqsuun yaalaamuun ishee dheekamte.Kanaaf kuni immoo ka'uumsa jaargocha kanaatti

3.1.3,Olka'iinsa

Olka'iinsi bakka ittii waldhabbiin namfakkileen giddutti uumamuu jalqabuudha.waldhabbiin uumamuu kunis gocha saaxilaa keessatti bu'uurreeffame kan jijjiiramudha

...Caaltuun addaan kuttee jechaa kee harmee jett San sirreessi.Akkamiti

harmed koo taste atti? Harmed miti gaafa tokko akka firaattuu na ilaaaltee

him beektu.Hara harme taatee?"Bette.Qabaadhu afaan kee!Akka haadha

ta'ee guddisee asiin kan siga'e eenyu?Dhugaadha miixadhee si hindeenye.

Garuu ijoolee koo laman kanan miixadhee dahe waliin wal sin caalchisee

him beeku.Ati anaaf Dhaka koo ishee angafa sin jallaadhaa..."jette.Batta

lumatti akka waan rasaasni ishee dha'ee siree irraa urgufamte Caaltuun.

(Isuma,2018:69)

Waraabbii armaan olii kannarraa waanti hubbatamuu Caaltuufi Lookoon giddutti uumamu isaa argina.Jijjiiramni gochaa kunis waldhabbiin olkaasanii jiru.

3.1.4,Finiina

Finiini bakka waldhabbiin tuqaata argate itti walxaxaa deemuudha. Bakka kanatti sammuun dubbistoota waan qabee gadhiisuu kan walalluudha.

…Amma waaqayyoo qofuuma koo ilaalee karaa naaf baanera.Hammaa ani yaalame

nagaan ba'utti yookaan immoo du'ee reeffi koohospitaala kanaa ba'utti lammaffaa

akka as dhuuftuu hin fedhu.Ijaan si arguu hin barbaadu. Eyyee! Hin barbaadu yoon

du'ee dararaa kee jalaan bilisooma.Yoo lubbuun Koo oole immoo daandii irraan

jiraadha malee lammaffaa mana keetti hin deebi'u. Jireenyi si waliinii naga'eera!

jettee itti iyyite.(Halluu du'aa2018:69).

Waraabbii kanarraa kan hubbannu waldhabbiin Caaltuu fi Lookoo giddutti umamee hedduu olka'ee finiinera. Caaltuunis sababaa waldhabbiin isaan giddutti uumameen murtoo ofiirratti murteessuu jalqabuu ishee kan arginudha.

3.1.5 Sigigoo

Sigigoon bakka itti gochii fixeerra gahee gad deebii'e gara furmaatati deemuudha.

…Turtii isheen hospitaalicha keessatti taasisten Lookoonis nyaataa fi dhugaatii

Qabattee yeroo yerootti dhuuftee gaffacha turte. Utuu isheen hin beekiin jaa-
Rmayaan gaegaarsa namoomaa tokko hamma kana Caaltuu gargaruu fi waldha-
Ansiisuun isaa akka isheen ofitti yeellaatu ishee taasiisuus akka adaadaatti haa-
La sana keessatti biraa dhaabatteetti. Lookoon uumaman garaa jabeetti taatuu
illee ,waa'een Caaltuu kan ammaa garuu waan ishee yaachise fakkaata.Gaafa jal-
qaba hospitaala deemtee ishee gaaftees gara manaa isheetti deebitee boo'aa tur-
te. (Halluu du'aa2018)

Waraabbii kana irraa waanti hubannu, rakkoo caaltuu irra gahe kuni adaadaa ishee lookoo gaddisiisuu isaadha. Kanafuu gochi finiina irra gahe kun sababa lookoo rakkoon caaltuu ishee yaachiseef, isheenis halkan sana guutuu cunqursaafi giddiraa muccummaa ishee irraa eegaltee irratti raawwachaa turteef, gaabbuu ishee hubanna.

3.1.6.Furmaata

Furmanii bakka gochi walxaxaa dhufe tokko itti furamuudha. Dabalataanis gulaatale jaargochaa keessa isaa dhumatti.

…Naasuu yeroo darbe irraan ka'ee tauun isaa hin oolu Lookoon amma fooyyee
Qabdi.Akka duri akka bineensaatti ishee ilaaluu dhisteetti. Hojii mana keessaa
kananduraa Caaltuun qofti dhuunfattee hojjeettus hamma tokko gargaaruu jal
qabdeetti.Galgala gaaf tokko ossoo waliin alwaadaadha irbaata hojjetani ture
taateen caaltuu naasiisee tokko kan ta'e.Lookoon seenaa abbaa fi harmee ishee
Caaltuutti himmuu eegaltee.Sun iccitti Caaltuun umurii ishee guutuu hin dhagaa
'in,kan isheen Lookoo fi Firoomsaa kadhaatee dadhaabde itti dhiiste ture.Abbaan
Caaltuu akkamittiakka du'e, harmeen ishee akkamitti Caaltuu isheetti laate, obbo

Leessi angafa ishee warra adiif gudiifachaa akka keennamee fi odeefannoowwaan

Kana fakkaatan hedduu itti himte.(Halluu du'aa,2018:80)

Waraabbii armaan olii kana irraa waantii hubbatamuu,Caaltuu fi Lookoo gidduutti gochii waldhabbii uumee xummuramuu isaadha. Sababiin isaa adaadaan Caaltuu Lookoon kanan duraa akka bineensaatti ilaala turtee ammaa dhisteettii. Hojii manaa keeessaas hanga tokko gargaaru egalteetti. Akkasumalee iccitti Caaltuun barruf turtee Lookoon isheetti himuu isheetti. Kanaafuu gochii isaan giddutti waldhabbii uumee furmaata iddoo kanatti argateera.

3.1.7 Taa'iinsaa Rawwatamee

B, Bakka bu'aa dursaa lammaffa

Asoosama halluu du'aa keessatti ta'iinsi lammaffaan daraartuu irraatti rawwatame.Gochi rawwatamees sababaa fi bu'aan walqabatee kan rawwatameedha.

...Daraartuun teesummaa ishee irraa kaatee gara bakka boontuun dhaabatee

jirtuutti Deemaa jirti. Fuula dura ishee darbee dudduubatti achii as itti deebi'e.

Irraa gortee darbuuf kaanaan nagaa gaafachuuf harka irratti erge. Ni rifatte.

Maal gochuu akka qabdu wallaaltee deebiif harka itti ergite. Harka qorichaan

namaa tuqee nama hedduu miidhetti harka ishee ergite. Jaallatteetii miti. Rifat

tetu .(Halluu du'aa,2018:38)

Waraabbi armaan olii kanarraa kan hubbannu ,Daraartuun Kumsaan ofitti ishee yammuun yeroo inni nagaa gaafatu Daraartuun hedduu sodate rifaachuu ishee argina. Sababin isaa kumsaan qorichaa harkatti qabaate waan deemuufidha. Isheen immoo harka isaa qabuttii baay'ee rifaate. Jaargochi kunis cacculee murasa keessaa darbuun gulantaa furmaatarra kan ga'eedha. Cacculeen isaas:

3.1.7.1 ka'uumsa

Ka'uumsi adeemsa gochaa jalqabi seenicharratti bakka itti qooddattoonii beeksifamuu egalanidha. Waldhabbiin jalqabuuf yoomeessi bu'uureffamuudha

> …Ijooleen boqonnaaf daree yoo gad dhiisan daraartuun of jabeessitee gara kumsaa Demte. Nagaaf harkaa itti hiixatte. Fuula baay'ee ifaadhaan nagaa ishee gaafate." Kaleessa sin barbaada naan jettee turte? Maaliif ture?" Dhimmi ani si barbaadeef Dhimmaa ani akka salphaatti siif himu miti. Dhimma jireenyaati!" Dhimma jireenyaa ti" "Dhimma jireenyaa? Maal jeechuudha? Maali inni dhimmi jireenya?" "Yeroobiraa Bakka tasgabba'aatti hin haasofnuu?" "Lakki ! Amummaa baruun feedha. Amma natti Himi…(Halluu du'aa,2018:49)

Waraabbii armaan olii irraa waanti arginnu, yeroo Daraartuu fi kumsaan yaada isaanin waldhabban argina. Inni waan ishee barbaaduuf yeroo biraa itti himuu barbaada. Isheen immoo waansa barruuf dhiiphate waan ta'eef tolee hin jenneef.Kuni immoo isaan akkaisaan yaadan waldhabban taasiseera.

3.1.7.2 Finiina

Bakka kanatti waldiddaan bakka itti walxaaxa adeemudha.Sammuun dubsitootas waan qabee gad dhiisu wallala. Asoosama kana keessatti bakka ta'iinsii yookkiin gochii finiina irra gahe yoo ilaalu:

> …"Maaltu si naasisa? Jaallatamuun nama rifaasisaa? Atattamaan murtoo kee akka Natti himtun fedha. Yeroo dhi'ootti wal fuuna- yoo tole jette. Didnaan maaltu akka ta'uu arguuf carra hin qabdu. Sii fi maatii kee irratti maaltu akka ta'u utuu hin ar giin duuta!(Halluu du'aa,2018:50)

Waraabbii armaan olii kanarraa yeroo Kumsaan Daraartuu dorsiisuu isaa arginaa. Inbis akka ishee jaalala isaa kanatti dirqaaman akka isheen fuudhatuuf jecha akka ishee irraa rakkoo gahuu fi maatii ishee irraa gahuutti yeroo inni doorsiisuutu mul'ata.

3.1.7.3 Furmaata

Furmaanni bakka gochii walxaaxa dhufee tokko itti furamuudha. Asoosama kana keessatti gochii Daraartuu fi Kumsaa giddutti ta'ee iddoo inni itti furmata yookiin xummura argate bakka kanatti

> ...Kumsaan itti deddeebi'ee ishee doorsise.Ofii isaa barnoota irraa abdii kutateera. Amma abjuun isaa waan tokko qofa. Daraartuu fudhatee beegiii biyya eessuma isaa tti galuu. Achi taa'ee eessuma isaa waliin hojii qorichaa hojjeechuu.Kana qofa. Door sisa yeroo murtaa'ee booda Daraartuu fudhatee beegiitti bade.(Halluu du'aa,2018: 51)

Waraabbii kana irraa waantii hubbatamuu,Kumsaan doorsisaa yeroo dheeraa booda Daraartuu fudhaatee gara beegiitti baduu isaa argina.Gochii yookiin waldiddaan isaan gidduu turees iddoo kanatti furmaata yookiin xummura kan argateedha

3.2 Jaargocha Duubdeebii

Jaargochi duubdeebiin gosoota jaargochaa keessaa isa biraadha. Inni taateen duraan yookaan jalqaba raawwatame tokkoofi yaada haaraa gochoota sanaan walqabanii raawwatan duubdeebiin kan seenessuudha. Asoosama kana keessatti jaargochii duubdeebiin iddoo addaaddatti mul'ata. Fakkeenyaaf:

> …Xiyyaara yaadaan ofduuba balaliitee yaaddannoo abbaan Caaltuu waggoota duraa Yaadatte. Hospitala qulqulluu phaawulos keessatti lubbuun isaa ba'uuf yoo jettu hafu Ura isaa ishee dhumaan imaanaa obboo Gamtaa Nagaasaa itti kennetu itti dhagaa'a Me; " Obboleettii koo Lookoo! Ani deemsa deebi'anii hin galle deemaan jira. Deemsa

Dirqamaa. Haadha manaa koo Bookaasheefi mucaa isheen gadameessatti baattee jirtu Sitti kennadheera. Dhala koo akka dhalakeetti naaf guddisi. Lafa irrattin sitti kennadhe; Waaqa irrattin sirraa fudhadha!"(Halluu Du'aa,2018:71)

Waraabbii kanarraa kan hubannu, Lookoon yeroo isheen gara duubaatti deebitee waa'ee seenaa Abbaa Caaltuu isa inni yeroo lubbuun hospitaala qulqulluu phaawuloos keessaa lubbuun isaa darbuuf jedhu, yeroo innii imaanaa itti kennatu yaaduu isheedha. Innis taatee isheen Caaltuu irratti raawwachaa jirtu irraan kan ka'eedha.

3.3 Tooftaalee Jaargochi Asoosamni Halluu Du'aa Ittiin Dhiyaate

3.3.1 Addeessuu

Addeessuun tooftaa barreessaan biffa, dhaabbii, eenyummaafi naannoo qooddataan keessa jiraatu ittiin ibsuudha. Asoosama halluu du'aa keessatti barreessaan addeessuutti fayyadamee jaargocha yoo ibsu:

…Diimtuu, hojjaan ishee giddugaleessa, baay'ee furdoo jedhamuu baattus qalloo miti. Funyaan ishee dheeraa, konkonni ishii akka soma eebooti. Hidhii haphatti iji shee bareedaa. Ilkaan ishee uumamaan akkanatti miidhaga haata'u, ofii ish ee tumattee hin beeku- garuu, foon isaa gurraacha. Sun miidhagina addaa keen neeraaf. (Halluu Du'aa, 2018:20)

waraabbi kanarraa kan hubannu barreessaan bifa Caaltuu bocaa fuulaa ishee irraa fuunyaan ishe akka soma eebootii fakkeessee adeesseera. Bifa Caaltuu haala kanaan adeessuun isaa akka Badhadhaasaan jaalatuu ishee taasiseera. Kanaaf bifa Caaltuu adeessuun sababa yoo ta'u Badhaasaan jaallachuun ishee bu'aadha.

3.3.2 Marii/ Wallin Dubbii

Mariin tooftaa barreessaan itti fayyadamuun qooddattoonni yaada wal jijjiiran tasisuun miira,rakkoofi eenyumma isaanii mul'isuudha. Barreessaan asoosama halluu du'aas tooftaa kana fayyadamuun jaargochaa dhiyeesseera.

Badhaasa: Yoomiyuu akkuma argeen aarii garaa isaa baasee itti himachuu eegale. "Har'aa eegalee maqaan koo Badhaasaa Tufaa Hangaasuu miti. Jijjirradheera. Natti haa hafu!"jedhe. Tamboo isaa qabsiifate.

Yoomiyyuu: "Eenyu jechuuf murteessitee?"

Badhaasa: "G/Badhaasaa W/tufa T/Hangaasuu."

Yoomiyyuu: kolfa yeroo dheeraa kolfe

Badhaasa: "Ati kolfi. Anni gimii ibidaa irraan ijaajjaa ooleen dhufee. Akka itti jarri haala waliif mijeessitu. Akkamitti akka isheen guyyoota muraasatti miliyeenara wal taasistu. Ati kolfi!" jedhee.

Yoomiyyuu: Kolfa dheeraa booda itti dubbachuu eegale. "Maqaa kana akkanatti jijjiirrachuun furmaata sitti fakkaataa?"jedhee gaafate.

Badhaasa: " Eyyee! Kana biratti yoo baay'ate wanti na barbaachisu adda koo irra bakka lama murachuu qofa!"jedhe. (Halluu Du'aa 2018:12-14)

Waraabbii kanarraa kan hubannu barreessaaan qooddattootaa asoosamichaa keessaa Badhaasafi Yoomiyyuu wal mariisisuu isaati. Kunis Badhaasa waliin wajjira tokko hojjetaa kan ture sababa maqaa isatti kaampaaniin Chaayinaa konkolataa omishu tokko irraa galii gudda argachuun isaa Badhaasaan akka ofitti haruu isaa tasiiseera.

Dabalataaniis,tooftaa kana barreessaan asoosama kanaa itti fayyadameera.

Obbo Mokonon: “Maaliif barbaade qoricha nama ajjeessu?”

Obbo Wadaajoo:”Gurbaa tokkotu olla keenyaa jira. Galataa jedhama. Mucaa durbaa ani yeroo dheeraaf jaallachaa ture ofii isaaf barbaadee nu gidduu seenuun addaan nu baase. Addaan nu baasee utuu hin turiin, jaallallee isaa taasifate. Torban lamaan durbe kan mana warra intalaa deemuun kadhimmate. Jarri kun lachuu wal fuudhanii ija koo dura jiraachuu irra akka inni du’un filadha”

Obbo Mokonoon:“ Ajjeesuun filannoo kee dhumaa maaliif ta’e? Maraachuun, dhukkubaan sireetti galchuun, hiyyoomsuun…utuu danda’amuu, jechuu kooti”

Obbo Wadaajoo: “ Ajjeessuun ala filannoo biroo hin fedhu.Yakki inni an irratti hojjete tarkaanfii duaa gadiin waan baafamu miti. Sirna awwaala isaa irratti argamee, yeroo biyyeen isa nyaattu arguun hawwa… Isuma naaf kennaa…isuma ajjeessuun fedha”

Obbo Mokonoonni: Ejjennoo dargagoo kanaa ajaa’ibsiifachaa,qoricha akka kennuuf itti waliif gale. Maallaqa garuu akka irraa hin fudhanne itti hime.(Halluu Du’aa,201824-25)

Waraabbii kanarraa kan hubannu barreessaan qooddattoota asoosamichaa keessaa obboo Mokonoonifi Wadaajoo wal mariisisuu isaati. Kuniis Wadaajoon yeroo keennaa jaalalee isaa jaalatee gargar isaan baasuu sababa kan wadaa joon gara obbo Mokopnoni deeme qorichaa itti hojjechisuuuf yeroo innii bira deemee mar’iichuu iswaanitti. Tooftaa kana keessatti mar’iichuun innis akka Wadaajoon kennaa irratti qoricha akka hojjechiisisuu ta’eera.

3.3.3 Duubdeebii

Duubdeebbiin tooftaa barreessaan ittiin waan duraa ta'ee darbe tokko dubbatti deebi'ee himuudha. Kan of duuba deebi'anii seenessaniif seenaa yookaan mudannoo sana akka ragaatti yookaan wabitti kaasuun yaada dhiyaateen walqabsiisuufidha. Asoosama halluu du'aa keessattii barreessaan itti gargarameera.

> …Lookoon seenaa abbaa fi harmee ishee guutuu Caaltuutti himuu egalte.Sun iccitti Caaltuun kadhattee dadhabdee itti dhiiste ture.Abbaan Caaltuu akkamitti akka du'e, harmeen ishee akkamitti akka Caaltuu isheetti laattee, obboleessi angafa ishee war raa adiif guddifachaa akka kennameefi odeeffannoowwaan kana fakkaatan hedduu Itti himte. (Halluu Du'aa,2018:80)

Waraabbii kanarraa kan hubbannu yeroo Lookoon mana keessaa irbaata hojeettanni waa'ee maatii Caaltuu seenaa isaanii itti duubadeebittee itti himtuu kan hubbannu ta'u isaadha.

3.3.4 Raaguu /Quba Qabsiisuu.

Raaguun wwn gara fuulduraatti ta'uu danda'u himuun dubbistoonni akka tilmaaman taasisuudha. Karaa biraammoo gochaalee itti aananii dhufaniif osoo bira hin ga'iin eeruu keennuun dubbistonni maaltu ta'a jechaa akka dubbisaan taasiisuudha. Barreessaan asoosama halluu du'a tooftaa kanatti tajaajilameera.

> …"Abjuun qaba! Sabni Oromoo har'a lafa qabuu lafa dgabe, utuu biyya qab uu biyaa dhabe,utuu albuuda qabuu albuuda dhabe kun guyyaa tokko abba qe'ee isaa,abbaa lafa isaa, abbaa biyyaa isaa ta'ee akkan arguu abuun qaba qaba. Sabni guddaan afa anii fi aadaa guddaa utuu qabuu saba xiqqoon gabroomee leeyyoodhan mataa gad qabatee jiraatu kun guutummaaa Afrikaa dhuunfatee yeroonn itti ol- aantummaa dhaan irraa mul'atu guyyaa tokko akka dhufu abjuun qaba! Qabeenyi oromoo ala

gaa fi namoonni lamiilee alaa ta'an saaman hundi sabaa kanaaf deebi'ee, alagaan saamicha hammaa ammaatti gaggeesseef beenyaa akka baasuu yeroon itti murta a'u akka dhufu abjuun qaba.(Halluu Du'aa,2018:7)

Waraabbii kanarraa kan hubbannu ajuu fuula duratti ta'uuf maalu ibseera. Kuniis Badhaasan guyyaa tokko sabni Oromoo akka abba biyyaa fi abba qe'ee isaa akka ta'uu abjuu qabaachuu isaa yeroo inni itti himmuudha. Walumaagalatti, barreessaan asoosama Halluu Du'aa tooftalee asoosamni ittin dhiyyaatu keessaa addeessuu, marii, raguu fi duubdeebii gargaaramuun jaargocha asoosamicha haala sababaa fi bu'aa irratti hunda'uun dhiyeessee jira.

3.4 Haala Qindaa'ina Jaargochaa Asoosama Halluu Du'aa

Asoosamni halluu du'aa jalqaba bara2018 A.L.A itti Eebbisaa Baayisaa Abeetuun barreeffamee kan maxxanfamedha. Asoosama kana keessatti namfakkilleen hedduun qooda kan fudhatan yoo ta'u ,keessattuu Caaltuu, Badhaasa fi Lookoon qooddattoota seenaa asoosamicha keessatti bu'aa bahii hedduu keessa kan darbaniidha.

3.4.1 Jalqaba, Gidduu fi Xummuraa

Barreessaan asoosama Halluu du'aa asoosama kana yeroo barreessan gulantaa ka'umsaa irraa ka'uun gara gulantaa tuqataatti ce'ee gulantalee kanneen biroo keessaa darbee dhumarratti furmaatan xumure .Fakkeenyaaf:

3.4.1.1 Jalqaba

… Ijooleen boqoonnaaf daree yoo gad dhiisaan Daraartuu of jabeessitee gara Kumsaa Deemte. Nagaaf harkaa itti hiixate. Fuula baay'ee ifaadhan nagaa ishee gaafate."Kl Eessa sin barbaada naan jettee turte? Maalif ture?" "Dhimmi ani si barbaadeef dhi mmaa ani akka salphaatii siif himu miti. Dhimma jireenyaat!i" "Dhimma jireenyaa? Maal jechuudha? Maali inni dhimmi jireenyaa?""Yeroo biraa bakka tasgabba'aatti hin Haasofnuu" "Lakki! Ammuma baruun fedha. Amma natti himi.Amma!"Dafqi fuula

Isheerraa mul'ate. " Tole! Ati feenaan sittan hima. Maal seete ? Si jaalladheen jira!

Waabbii kanarraa kan hubatamuu danda'u ,Kumsaan Daraartuu jaallatee yaadasaa itti ibsuu barbaade, isheen garuu, jaalala Kumsaa fedhiilee hin qabdu. Sababni Daraartuun Kumsaa jaalachuu dhiisteefis, Kumsaanis ta'ee warri isaa qoricha namatti waan godhaniifidha. Kanaaf kanarraa wanti hubatamu, Kumsaan waan jaallateef qofaatti Daraartuu argee itti haasa'uu barbaade,isheen immoo qoricha sanaaf jecha waan sodaatuuf qofaatti barbaaduunsaa sun itti hin tolle ta'uu isaadha.

3.4.1.2 Gidduu

…"Maaltu si naasisa? Jaallatamuun nama rifaasisaa? Atattamaan murtoo kee akka natti Himtun fedha. Yeroo dhi'ootti wal fuuna-yoo tole jette. Didnaan maalyu akka ta'u ar Guuf carraa hin qabdu. Sii fi maatii kee irratti maaltu akka ta'u utuu hin argiin duuta!" Yommuu inni jedhu , Boontuun dhuftee harka Daraartuu qabdee gad baate. Lachuun isaanii gad ba'anii muka qilxuu daree isaanii fuula dura jiru jala dhaabatan. Callisanii akka nama fakkii ilaaluu +wal ilaalu. Maal akka jedhanii fi eessaa akka eegalan wallaa lan .(Halluu Du'aa,2018:50)

Ragaa kanarraas,kan hubatamu,Kumsaan baay'ee waan Daraartuu jaalatuuf dhiisuu dadhabeera. Kanaaf,maal jedhee akka amansiisu waan mala dha'ate fakkata. Innis bakka kanatti yeoonni qorichaan sodaachisee fuudhuu barbaadetu mul'ata.

3.4.1.3 Xummuraa

Kumsaan itti deddeebi'ee ishee doorsise. Ofii isaa barnoota irraa abdii kutateera. Amma abjuun isaa waan tokko qofa. Daraartuu fudhatee beegii biyya eessuma Isaatti galuu. Achi taa'ee eessumma isaa waliin hojii qorichaa hojjechuu. Kana qofa. Doorsisa yeroo murtaa'ee booda Daraartuu fudhatee Beegiitti bade

Yaada kanarraa wanti heeramu, Kumsaan, utuuma doorsisuu,milkaa'uusaa argina. Daraartuun yaada isaa kana osoo mormituu, Sodaarraan kan ka'e garuu, dhumarratti fudhatee gara eessumasaatti akka badetu mul'ata. Walumaa galatti barreessaan asoosama dheeraa Halluu Du'aa jaargocha sababaa fi bu'aa irratti hun daa'uun ijaaree dhiyeessee jira. Akkaataa qindaa'ina jaargochaa isaas jalqaba, gidduu fi xumuraa kaneen jedhamaniin dhiyaateera.

BOQONNAA AFUR

GUDUUNFAA, YAADA FI ARGANNO

4.1 Guduunfaa

Qorannoo kun kayyoon isaa asoosama Halluu Du'aa keessatti jaargocha asoosamichaa agarsiisuudha. Galma ga'iinsa kayyoo kanaafis adeemsa addaadda keesssaa darbameera. Innis kitaabota addaaddaa sakkatta'uun raga walitti qabuu fi kan walitti qabame immoo bifa barreeffamaan waraqaa qorannootti jijjiiruudha. Duubee qorannaa kanaa keessatti akkuma ibsame, asoosani kun barreessa kitaa botaa kan ta'e EebbIsaa Baayisaan barraa'e.

Barreessaan asoosama kanaa gosoota, tooftalee fi haala qiinda'iina jaargocha hundaa fayyadamuu baatus gosa jaargocha keessaa itti fuufaafi duubdeebitti fayyadameera. Tooftalee jaargochii ittiin dhiyyaatuun immoo hunda isaatti fayyadameera. Akkasumalee haala jaargochi ittin dhiyyatuun immoo jalqaba jalqaba, gidduu fi xummuran dhiyyaateera. Sababiin isaa ta'iinsonni asoosamichaa jalqaba kaasanii hanga dhumatti tartiibaan dhiyaatanii waan jiraniifidha. Dabalataanis immoo barreessaan asoosama Halluu Du'aa tooftalee asoosamni tokko ittiin dhiyaatu keessaa addeessuu, marii, raaguu fi duubdeebiitti gargaaramuun asoosama kan dhiyeesseera.

4.2 Arganno

Argannoon qorannoo kanaan argaman kanneen armaan gaditti.

- Gaaffi bu'uura tokkoffaan walqabatee asoosamni dheeraan Halluu Du'aa gosa jaargocha itti fufaa fi duubdeebii qabaachuun isaa bira ga'ameera.kuniis gosoota jaargochaa kanneenitti gargaaramuun asoosamicha keessatti dhiyeeseera. Akkasumaas gosa jaargocha boqotaa fi waltaree kan hin qabne ta'uunsaa bira ga'ameera
- Gaaffii bu'uura lamaffaan walqabatee ammo haali qindaa'ina jaargocha asoosama dheeraa Halluu Du'aa jalqaba, gidduu fi xumura kan jedhuun dhiyachuun isaa bira ga'ameera. Innis jalqaba dhaloota Caaltuu,akkataa dhalootashee fi nama akkamiirra

akka Caaltuun mana addada isheetti galteefi xumurarratti ammo Caaltuun obboleessaa ishee wajjiin wal arguun hadhaa ishees barbaade argachuu isheedha.

- Gaaffii bu'uura sadaffaatiin ammo haaxalee yookkiin tooftaalee jaargochi asoosama Halluu du'aa ittin dhiyaate ;addeessuu, marii, raguu fi duubdeebii fayyadamee dhiyaachuu isaa bira ga'ameera. Barreessaan asoosama Halluu Du'aa tooftalee akka maritti gargamee qooddattoota wal mariisisuun,waan gara fuuladuraatti ta'u raaguun, bifaa fi dhaabbii namfakkilee ibsuun jaargocha asoosama Halluu Du'aa haala garii ta'een dhiyeesseera.

4.3 Furmaata

- Barreessaan asoosama kana gosa jaargochaa boqotaa fi waltaree utuu itti dabaleera ta'ee gaarii ta'a.
- Barreessaan asoosama yeroo asoosama barreessu qub-guddeessa fi sirna tuqalee xiyyeeffannoo utuu kennee gaarii ta'a.
- Namootni yeroo asoosama dubbisaan asoosamicha sirritti hubachuuf jaargocharratti utuu xiyyeeffatanii gariidha.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa.(2011).Akkamtaa. Yaad-rimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee: Mega published plc.

Aannanee Maarqos.(2015). “Ergaafi Waldhabbii Asoosama Arraa Gurbaa Qaaccessuu irratti” Yuunivarsitii Finfinnee: Waraqaa qorannoo jalqabaa guuttachuuf (kan hinmaxxanfamne).

Asaffaa Tafarraa.(2009).Eela:Seenaa Oguma Oromo.Finfinnee:Far east trading.

Beekan Gulummaa.(2013). Guuboo Seenaa. Asoosamaafi Saayinsii isaa.Subi.Printing prees.

Eebbisaa Baayisaa.(2018). Asoosama Dheeraa Halluu Du’aa.Finfinnee.Nechsar Printing.

Fedhasaa Taaddasaa.(2013).Subii.Barruulee Ogbarruu Oromoo.Finfinnee:Far East plc.

Geetaachoo Rabbirraa.(2013).Furtuu.Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9-10 .Finfinnee:Kurazz International Publishing interprize.

Http//pad 3. Whstatic.com/images/f/fb/ witches hat 485-5 pg

Http//www.philosophy pages.com/uylaris 1 ipg

Mizgaanuu Gulummaa.(2012).Yandoo ogumaafi ogwalaloo Oromoo.Finfine:Subi Printing press.

Rabbirraa Tafarraa.(2009). Gadaa. Caasluga Afaan Oromoo kutaa 9-10.Finfinnee: Gadaa series.

Wasanee Bashaa.(2008). Bantuu Haaraa.Finfinnee.Kurazz printing.

Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa:-_____

Mallattoo_____

Guyyaa _____

Maqaa Gorsaa:- _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____